**CIBRA NADHEEN BOORANAA**

**QORTTUUN: DHAKKII DIIMAA**

# WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARUU FIQUUNNAAMTIIN GAMISAN GUUTTACHUU FI DHIYAATEE

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMII FI QUUNNAMTII YUUNIBARSIIT FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/21**
**FINFINNEE OROMIYA**

**CIBRA NADHEEN BOORANAA**

**QORTTUUN: DHAKKII DIIMAA**

**GORSAAN: DR DINQEESSAA DHEERESSAA**

# WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARUU FIQUUNNAAMTIIN GAMISAN GUUTTACHUU FI DHIYAATEE

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMII FI QUUNNAMTII YUUNIBARSIIT FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/21**
**FINFINNEE OROMIYA**

## Axareera

*Qorannoon kun cibra nadheen Booranaa, Aanaa Dubuluqii irratti xiyyeeffata. Gaafa qorannoo kana qoradhu malleen qorannoo afgaaffii, marii gareefi daawwaannaatti fayyadameera. Kaayyoon qorannoo kanaa akkataa cibra nadheen Booranaa Aanaa Dubuluqii kan ibsuudha. Wanti qorannoon kun barbaachiseef,aadaa cibra nadheen Booranaa dhaloonni dhufu akka dhaalan taasisuudha.Walumaagalatti, qorannoo kana yeroon goolabu akka yaada dhuunfaatti maalummaafi barbaachisummaa fi cibra nadheen Booranaa maliif akka qabatamu irratti qorannoo adeemsisee jira. Akka yaada furmaataattis Yeroo ammaa kana dhiibbaawwan amantaalee garagaraa, ammayyummaa, babaldhachuu teknoolojii fi dhufaati addunyaalessummaa aadaa Oromoo Booranaa kan haala cibrannaa rifeensaa badaa deemaa waan jiruufi, Aadaa kana galmeessanii bifa barreeffamaatiin yoo ol kaawan dhaloota dhufu gargaaruu akka danda'u qorannoo kana keessatti kaasee jira.*

# Galata

Duraan dursee waqayyoo isa na gargaaree, guyyaa dansaa akkasii kana naaf kennee, sadarkaa anaa fi namnis hin yaadin kanaan na ga'uu isaaf galanni guddaan haa ta'uuf.Itti ansuun maatii tiyya, haadha tiyya jalatamtu, aaddee Kaarruu Diimaa fi Aaddaa kiyyaa Balaanbali Diimaa gorsaanis ta'ee, baajataan na bira dhabachuun jajjabina isaan naaf kennaniif galanni kiyya guddaadha. Akkasumas Obboleessa kiyya kan ani baay'ee jaalladhu Galma Diimaa baajataanis ta'ee, gorsaan na bira dhaabbateef galanni kiyya guddaadha. Irra caalaatti immoo muxxannoo qabaniin yeroo kamiyyuu osoo na hin nuffin, qorannoon kun gaggeeffamee akka xumuramuuf gorsaafi yaadaan kan na gargaaran Barsiisaa fi gorsaa kiyya, Dr. Dinqeessaa Dheeressaa haala kamiyyuu keessatti na waliin dadhabuun aarsaa isaan naaf kafalaniif baay'een galateeffadha.

Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axareera ........................................ i
Galata ........................................ ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................ 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa........................................ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........................................ 1
1.3. Kaayyolee Qorannichaa ........................................ 2
1.4. Faayidaa Qorannichaa........................................ 2
1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................ 3
1.6. Hanqina Qorannichaa........................................ 3
1.6.1. Saxaxaa Qorannichaa ........................................ 3
1.6.2. Madda Ragaalee........................................ 3
1.6.2.1. Madda Ragaa Tokkoffaa ........................................ 3
1.6.2.2. Madda Ragaa Lammaffaa........................................ 4
1.6.3. Iddattoo fi Iddatteessuu ........................................ 4
1.6.4. MeeshaaleeFunaansa Ragaalee ........................................ 4
1.6.4.1. Afgaaffii........................................ 4
1.6.4.2. Marii Garee........................................ 4
1.6.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ........................................ 5
BOQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUU ........................................ 6
2.1. Sakattaa Barruu Yaadrimee ........................................ 6
2.1.1. Maalummaa Fookiloorii ........................................ 6
2.1.2. Gosoota Fookloorii........................................ 7
2.1.3. Maalummaa Cibra........................................ 7
2.1.4. Sadarkaalee Cibra........................................ 8
2.1.4.1. Cibrii rifeensaa Hidhanaa inni Aadaa faana Qabu ........................................ 8
2.2. Sakattaa Barruu Walfakkii........................................ 9
2.2.1. Kaayyoo qorannoo Obsee ........................................ 10
BOQONNAA SADII: IBSAAFI XIINXALAA RAGAALEE ........................................ 11
3.1. Naannoo Qorannichaa ........................................ 11
3.1.1. Garee Hawaasichaa ........................................ 11
3.1.2. Haala Teessuma Lafa Dubuluqii........................................ 11

3.1.3. Haala Qilleensaa Naannichaa ........ 11
3.1.4. Madda Galii Hawaasichaa ........ 11
3.1.5. Qabeenna Uumamaafi Namtolchee ........ 11
3.1.6. Namoota Bebeekkamoo ........ 12
3.2. Faayidaa Cibra Nadheenii ........ 12
3.2.1. Haawwanii fi Dubara Addaan Beekuuf ........ 12
3.2.2. Saddarkaa ce'umsa Abbaa Manaa Ishee Beekuuf ........ 12
3.3. Akkaataa Oromoon Booranaa Rifeensa itti Kunuunfatu ........ 13
3.3.1. Akkaataa Kunuunsa Rifeensa Daa'immanii ........ 13
3.3.2. Haala Kunuunsa Rifeensaa Dubara Moggaasani ........ 13
3.3.3. Akkaataa Kunuunsa Rifeensa dubartii Fuudhanii ........ 14
3.4. Gosoota Cibra Dubartootaa ........ 15
3.4.1. Mootii ........ 15
3.4.2. Jaallaa ........ 16
3.4.3. Taabboo ........ 17
3.4.4. Guulmaa ........ 18
3.4.5. Cibra ........ 19
3.4.5.1. Adeemsa Cibra ........ 20
3.4.5.2. Akkaataa Kunuunsa RifeensaDhiiraa Kan Dubaraan Walfakkaatan ........ 20
3.4.5.3. Guduruu ........ 21
3.4.5.4. Gammee Dabballee ........ 21
3.4.5.5. Bantii ........ 22
3.4.5.6. Dunfura ........ 22
3.5. Meeshaalee Qabannaa Rifeensaaf Barbaachisan ........ 22
3.6. Haala Qabannaa Rifeensa Yeroo Ammaa Keessa Jiru ........ 23
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA ........ 24
4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........ 24
4.2. Argannoo ........ 24
4.3. Yaada Furmaata ........ 25
4.4. Goolabaa ........ 25
Wabilee ........ 27
Dabaleewwan

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1.Ariirrata Qorannichaa

Oromoon ummata hortee kuush keessaa isa tokko yoo ta 'u,  naannoo gaanfa Afrikaa jiraachaa kan tureefi ammas kan jiruudha. Oromoon dur irraa kaasee, haala jireenyaa isaa kan ittiin qajeelfatu, aadaa bulchiinsaa mataasaa kan gadaa jedhamu qaba. Sirni Gadaa kun siyaasa, diinagdee fi haala hawaasummaa of keessaa qaba.Yaaduma kana deegaruun Dirribiin (2012:15) yammuu ibsu;*“Oromoon saba guddaa Itoophiyaa fi gaanfa Afrikaa keessa jiraatu yoo ta’u, sirna gadaatiin of bulchaa ture.”*

Sirna gadaa keessatti namni tokko yommuu dhalatu, sadarkaalee gadaa keessa darbu qaba.Sadarkaaleen kunis walduraa duubaan kan jiraniidha. Namni tokko sadarkaa gadaa tokko keessa waggaa saddeet (8) tura.Waggaa saddeetiin booda, gara sadarkaa itti aanuutti darba. Yaada kana ilaalchise Asmarom, (1913:52-54) yammuu ibsu;“*Grade one :Daballee, grade two junion gammee, grade three seniorgammee,grade four cusa,grade five raba,grade six gada Vii ..x,Gadammojjii the terminal sacred grade”* jedha.Kunis kan ibsu sadarkaa tokkoffaan Dabbalee,Sadarkaa lamaffaan gammee xixiqqoo, Sadarkaa sadaffaan gammee gurguddoo, sadarkaa arfaffaan kuusa, sadarkaa shanaffaan raabaa doorii,sadarkaa jahaffaan gadaa sadarkaa torbaffaan, yuuba tokkoffaa, sadarkaa saddeetaffaan yuuba lammaffaa,sadarkaa saglaffaan yuuba sadaffaa, sadarkaa kurnaffaan gadammoojjii fi sadarkaa kudha tokkoffaan jaarsa jedhamuun beekama. Qorannoon kunis Sirna gadaa irratti Ibsa gadi fageenyaa kennuuf osoo hin taane, mallattoolee ce'umsa sadarkaaleegadaa kanneen ibsankeessaa, cibri nadheen Booranaa tokko waan ta’eef, sadarkaalee kanneen kaasuun barbaachise.

## 1.2.  Ka'umsa Qorannichaa

Hawaasni tokko wanti inni jiruu fi jireenya isaa keessatti dalagu aadaa isaa ibsa. Aadaan immoo mul'istuu eenyummaa saba tokkoo ta'ee,  kanneen akkaa nyaataa, uffannaa, fuudhaa fi heeruma, walgargaarsafiakkaataa cibrannaa rifeensa dubartootaa of keessaa qaba. Uummanni Oromoos kana ni qaba. Isaan keessaa yoo haala cibrannaa rifeensaa dubartootaa kan ilaallu ta’e, akkaataan faaya rifeensaa ergaa fi hikaa garaagaraa qaba. Fakkeenyaaf, dhimmoota akka sadarkaa ce'umsaa sadarkaalee gadaa fi miidhagina adda addaa ibsuuf ni gargaara. Kana malees qabannaan rifeensaa yokiin cibri akkataa ittiin kunuunfamuu fi qabatamu yookiin tolfamu qaba. Beekumsi kun immoo dhaloota irraa gara dhalootaatti afaanii fi gochaan yokiin walbarsiisuun kan darbuudha. Qorannoo kana akka gaggeessuuf kan na

kakkaases, ammayyummaan baayachuu, babal'inni amantiilee garaagaraa fi guddinni teeknoolojii baay'ataa dhufuun aadaa fi duudhaa hawaasaa miidhaa deemaa jiraachuu isaa waan hubadheef, qorannoo kana gaggeessuun dhaloota dhufuuf bifa barreeffamatiin olkaa'uu waan barbaadeefidha.

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiif deebii ni kenna.

- ❖ Cibra jechuun maal jechuudha?
- ❖ Faayidaan cibri aadaa keessatti qabu maali?
- ❖ Nadheen Booranaa akkamiin rifeensaa cibratti?
- ❖ Meeshaaleen aadaa kanneencibra nadheeniitiin walqabatan maal fa'a?
- ❖ Haalli cibra nadheen Booranaa yeroo ammaa maal fakkaata?
- ❖ Akkaataan sirreeffannaa dhiirotaa ka dubartootaaan walfakkaatan kam fa'aa?

### 1.3. Kaayyolee Qorannichaa

Qorannoon tokko kan adeemsifamuuf kaayyoo mataasaa qaba. kaayyoleen qorannoo kunis bakka lamatti qoodamu. Isaanis kaayyoo gooroo fi gooreeti.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa waa'ee cibra nadheen Booranaa xiinxaluun addeessuudha.

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa: -

- o Cibra nadheenii jechuun maal akka ta'e ibsuu.
- o Faayidaa cibri nadheenii aadaa keessatti qabu ibsuu.
- o Akkaataa nadheen Booranaa rifeensa itti cibrattu ibsuu.
- o Meeshaalee aadaa kanneen cibra nadheeniitiin wal-qabatan ibsuu.
- o Haalli cibri nadheen Booranaa yeroo ammaa maal akka fakkaatu ibsuu.
- o Akkaataa sirreeffannaa rifeensa dhiiraa ka dubartootaan walfakkaatan ibsuu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun , qaamolee gara garaaf faayidaa adda addaa qaba. Isaanis: -

- Fuulduraaf namoota aadaa Oromoo qorataniif akka ka'umsaattini tajaajila.
- Akkaataa cibra nadheen Booranaa dhaloota hardhaa fi kan boruuf hubannaa ni kenna.
- Hojjattoonni wajjiira Aadaa fi Turizimii aadaan badiinsa irraa haftee hardha geette kana funaanuudhaan akka kunuunsaniif ni gargaara.

- Namoota mata duree Kanaan walfakkatu irratti qorannoo adeemsisaniif akkasumas, Barattootaa fi barsiisota Fooklarii, Ogummaa fi qunnamtiif akka madda ragaa yokiin wabiitti tajaajiluu ni danda'a
- Walumaagalatti, namoota waa'ee cibra nadheen Booranaa beekuu barbaadan kamiifuu, madda beekumsaa ni ta'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoonkun bakkaa fi qabiyyeedhaan kan daangeffameedha. Qabiyyeen akkaataa cibra nadheen Booranaa yammuu ta'u, bakkaan immoo Aanaa Dubuluqii qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Kunis, sababa yeroo fi hanqina baajataaf, lafa Booranaa cufa keessa deemuudhaan odeeffannoo funaannachuun naaf hin danda'aminiifidha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Asi keessatti, malleen qorannoo kanneen akka; madda ragaalee, iddattoo fi iddateessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, gosa qorannoo fi mala xiinxala ragaaleettu hammatama. Qorannoon tokko yammu geggeefamu, tooftaa mataasaa niqaba.Kanuma bu'uura godhachuun qorannoo kana keessatti, malleen qorannoo keessaa, qulqulleeffataatti dhimmi baheera. Sababiin isaas kallattumaan hawaasa keessa deemee, gadi fageenyaan haala qabatamaa dhimmichaa irratti qarannoo waan taasifameefidha.

#### 1.6.1. Saxaxaa Qorannichaa

Saxaxaa qorannicha qoranon tokko yemmuu geggeefamuu iddoo itti geggeefamuu Fi hawasaa kessaati geggeefamuu. qabachu qaba.Kanaafu saxaxi qoranon kana hawasaa oromoo borana anaa dubuluqi kessaati geggeefamudhan. Bifti itti dhiyyaatu akka nadheen borana rifeensaa cibratan ykn fayyaa rifeensaa mata isaani qabatanidha. Akkataa dubraafi nadheen ta'u isaani addan itti bafatanidha.Akkakuun ragaleen qoranoo kana bifa dawwiiFi kesssatti hirmachun dawwaachuFi bifa warabiitin raga funnanaadhara

#### 1.6.2. Madda Ragaalee

Qorannoo tokkoo gaggeesuuf maddi odeeffannoo iddoo olaanaa qaba.Maddeen kunis madda ragaa tokkoffaa fi madda ragaa lammaffaa jechuun bakka lamatti qoodama.Anis qorannoo kana geggessuuf madda qoranno tokkoffaaf lamafan fayyadameera.

##### 1.6.2.1. Madda Ragaa Tokkoffaa

Akka madda ragaa tokkoffaatti kanani dhimma itti bahe, jaarsolii aadaa hawaasicha gadi fageenyaan beekanii fi hubannaa gadi fagoo waa'ee dhimma ani qoradhuu irratti qabanhawaasa keessaa filachuudhaan odeeffannoo barbaachisaa ta'an irraa funaannadheera.

#### 1.6.2.2. Madda Ragaa Lammaffaa

Akka madda ragaa lammaffatti kitaabilee fi barruulee adda addaa kan mata duree qorannoo kanaan wal qabatu sakatta'ee itti fayyadameera.

### 1.6.3. Iddattoo fi Iddatteessuu

Qorannoo tokko hojjachuuf guutumatti bakka jedhame irraa odeeffannoo funaanuun ulfataadha. Kunis gabaabinna yeroo fi hanqina baajataatiin ta'uu danda'a. Anis qorannoo waa'ee cibra nadheen Booranaa irratti xiyyeeffatu kana, gaggeessuuf akka iddattootti kan ani filadhe, naannoo Oromiyaagodiina Boranaa Aanaa Dubuluqii.Godinni Boranaa aanalee horsiisee bulaa kudha sadii fi bulchiinsa magaalaa Lamaa kan qabu yoo ta'u, kanneen keessaa aanaan Dubuluqii isa tokko. Aanaa kana keessa kan jiraatan uummata Oromoo Booranaa yoo ta'an, anis aadaan kun kan isaanii waan ta'eef, aanaa kana keessa kanneen jiraatan,dubartoota mata duricha irratti hubannoo fi beekumsa qaban kan odeeffannoo naaf kennan jedhee yaaduu, lakkoofsaan kudhan kan ta'an irraa odeeffannoo sassaabadheera. Sababni ani dubartoota qofa filadheef, dhimmichi addumatti isaan kan ilaallatu waan ta'eef, odeeffannoo guutuu isaan irraa argachuu danda'a jedhee waan yaadeef ture. Akkasuma naaf kennaniirus.Toftaan filannoo iddattooqorannicha yeroo mallaaqaa Fi humnaa nama qusachuuf jecha mala iddattoo akkaayyoo Fi mala iddattoo darbaaf dabarsaa fayyaadamun qoranoo kana geggeeseraa.

### 1.6.4. MeeshaaleeFunaansa Ragaalee

Qorannoo tokko geggeessuuf meeshaaleen funaansa ragaalee baay'ee barbaachisaadha.Anis qorannoo kana gaggeessuuf, meeshaalee funaansa ragaalee keessaa afgaaffii, marii garee fi daawwannaatti dhimma baheera.

#### 1.6.4.1. Afgaaffii

Qorannoo kana yeroo geggeessu, mala gaaffii afaanii fayyadameera. Haaluma kanaan, gaaffilee walfakkaataa fi banaa shandubartoota kudhaniif mataa mataa isaaniif dhiyeesseera. Kunis gaaffilee ani gaafadheef deebii mataa isaanii yokiin akka hubatanitti akka natti himaniif ture.

#### 1.6.4.2. Marii Garee

Qorannoo kana yeroo geggeessaa turetti,dubartoota odeeffannoo irraa funaannachuuf filadhe, walitti fiduun marii geggeesseera.Kunis, yaada nama tokko jalaa hafe isaan kaan waan yaadachiisaniif,galma gahiinsa qorannoo kiyyaaf guddaa kan na gargaare ture. Kanaaf dubartoota kudhannan filadhe garee lamatti qooduun gaaffilee ani dhiyeessuuf irratti

mar'achaa akka naaf deebisan gochuun odeeffannoo funaannadheera.Akkasumas yeroo sanatti odeeffannoo sana yaadannoo qabachuu fi waraabbachuutti dhimmabaheera.

### 1.6.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Qorannoon tokko ragaaleen isaa erga funaanameen booda ni qaacceffama. Kunis akkuma arginetti qaaccessina osoo hin taane,tooftaa qaaccessuu irratti hundoofneeti.Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti kallattiidhaan odeeffannoon darbaa fi dabarsaa waan sassaabameef,Haaluma kanan, Ragaalee Afgaaffiifi Marii gareen argaman,jechaafi yaadaan ibsuufi xiinxaluu wan adeemsfameef,Ragaleen mala.Akkamtaan xiinxalama iru.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUU

## 2.1. Sakattaa Barruu Yaadrimee

### 2.1.1. Maalummaa Fookiloorii

Jechi Fookloorii jedhu erga beekame yeroo dheeraa ta'uyyuu hanga ammaatti hikni qataman kana "ta'uu qaba"" jechuu irrati waliin galame hin jiru. Haha ta'uu malee yaandni waliin gala hiikawwan Fookloorii mara keessatti argamu Kan barreeffamaan kaa'amee jiru caalaa Kan afaaniin yookiin gochaan qinda'ee dhalootarraa dhaloottati darbaa dhufedha.sabni tokko akkuma ibsa kanarra hubachuun danda'amutti jechuu barsiifataatti jechii fookloorii jechu umurii jaarraa wali qabaatus hikni isaa kana jedhame itti waliigalamee hin jiru hayyoota fookloorii hundi dhiyeessan fookloorii barsiiffammaan osoo hin taane yaadachuun ykn shaakaluun ta'uu isaati. Yaada kana irraatti wantii hubannu fookilooriin bal'inaan aadaa amantaafi duudhaa hawaasichaa irraatti Kan hundaa'uufi isaani umaan uumamee yeroo bayy'ee afaaniin dhalootaa dhaloottati Kan daddarbu ta'uu isaati.dhalootarraa dhalootatti dabarsuun ittiin yaada ofii ibsatuu fi ittiin beekamuudha. Dirribiin (2011:43) waa'ee Aadaa yommuu ibsu; *“aadaan afoola eenyummaa fi maalummaa saba tokkoo saba biroo irraa adda baasuudha.Kana malees aadaan tokko haala jiruu fi jireenya sabichaa kan calaqqisiisuu fi seenaa isaa kan mul'isuudha”* jedha. Yaanni kun aadaan kan sabni tokko ittiin beekamuu fi eenyummaa sabichaa ifatti baasee kan mul'isu ta'uu agarsiisa.Abrahaamii fi kanneen biroo (1995:25:26)yommuu ibsan*;“Aadaa qabatamaa fi aadaa dubbii jechuudhaan bakka lamatti qoodu.Aadaa qabatamaa kan jedhaman kan hawaasa tokko keessatti bifa qabatamaa ta'ee fi haala qabatamaa ta’een muldhataniifiqabatamaan dhaloota irraa dhalootatti kan darbanidha”*jechuun lafa kaa’u.Namoonni fedhii fi yaada xiinsammuu isaa muldhifachuuf, dandeettii fi ogummaa isaa fayyadamuudhaan wantoota ijaan mul'atanii fi harkaan qaqqabamuu danda'an oomishee itti dhimma ba’a.Innis aadaa qabatamaa jedhama.

Aadaa qabatamaa kan jedhaman uffannaa, meeshalee hojii, akkaataa cibrannaa rifeensaa, meeshalee manaa, siidaawwan, gamoowwan, faayaalee fi kanneen kana fakkataniidha. Aadaan dubbii immoo kan afaaniin dhalootaa dhalootattii darbuudha. Aadaan dubbii kunniinis Og-afaan (mammaaksa, hiibboo, durdurii, sirba, Og-walaloo afaanii, tapha ijoollee fi kan kana fakkaataniidha.

### 2.1.2. Gosoota Fookloorii

Fookloorin gosoota adda addaa qabafookloorin jechuu gareen hawasaa Amala Wal isaani fakkeessuu qaban Kan barates Kan hin baratiin, Kan baadiyyaas ta'ee Kan magaalaa Kan waliitti isaani hidhu jechudha. Kana jechuu hawaasni barateefi Kan hin baratiin akkasumas magaalaa fi baadiyyaas Kan hin daangeffamnedha.

Walummaa galatti maalummaa fookloorii ilaalchisee yaada hayyoota armaan oliin irraa Kan hubatamuu danda'u fookloorin beekumsaaFi amantaa aadaa haawaasichaa afaaniin Fi gochaan dhalootarraa dhaloottati darbaa Kan dhufnee Fi darbaa jiru fuulduratti Kan darbuu damee aadaa Saba tokkoo ta'uu isaati.fookiloorii jiru fi jireenya hawasaa tokoo keessatti qabu edduu akkam ta'e beektoonii og-barruu adda addaa ni ibsu. beektoonii fookilooriin hawasaa tokko gama hawaasummaattin siyaasaattin. aadaa,seenaa ilaalchisee hedduu Kan qabu Kan hubanuus fookilooriin jiruufi jireenya hawasaa tokko seenaa isaa fookilioorittii gargaaramuun akkasumas siyaasaafi hawaasummaa keessatti,lee. fookilooriin gosoota gargaaraa qaba.

### 2.1.3. Maalummaa Cibra

Namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti haala ittiin rifeensa qabatan qabu.cibra jechuu akkaata namni tokko yokkaan hawaasni bal'aan tokko rifeensaa isaani sadarkaa aadaa sabichaatin Wal qabatee Kan tolfatu,yookan kana boci garagaraa itti ba'uuf Kan qabatamuudha. kanamalees, uummatnii tokko jireenya Isa keessatti akkaata cibrannaa rifeensaa hawaas biroo irraa adda ta'e qaba. Haaluma kanan akkaata cibrannaa rifeensaa Saba oromoo ergaa Fi hiika garaagara dabarsaa. Dhimmoota akkasadarkaa cehumsaa Fi midhaaginna ibsuufi gargaaraa.Akkasumas cibri rifeensaa dubartootaa kun akkaata itti qabatamuu Fi kunnuunfamu qaba. Haaluma kanan haalli cibrannaa rifeensaa dubartootaa oromoo Boorana haala jiruu Fi jireenyaa isaa irraattihundaa'uun caaseffama sirna gadaattin Wala qabata.Dirribaa (2001:70) yaada kana ilaalchisee yommuu ibsu;

> *Ilmi namaa jalqaba seenaa jireenya isaa keessatti akkaataa rifeensa isaa itti bareechifatuu fi midhaagafatu qabu.Akkaataleen kunniinis garaagarummaa kan qaban yoo ta'u, kaayyoo addaas of keessa ni qaba.Akkaataan kun akka uumamaan nama wajjiin jirutti salphaatti boci kan itti bahu yoo ta'u,yaada miiraa fi ilaalcha ofii mata ofiitiin ibsuu wajjiin walitti dhufeenya cimaa kan qabuudha.Jedha.*

Hawaasa keessatti akkaataan qabannaa rifeensaa iddoo olaanaa qaba.Kanamalees, hawaasa keessatti akkaataan qabannaa rifeensa cal jedheetumakan itti fayyadaman osoo hin taane, ergaa garagaraa of keessaa qaba.Kana ilaalchisee maddii toora interneetaa" http. Open article

submission comm./astcle phpiid women hair style irraa argame tokko akka ibsutti "hair style of women depends on their country culture and other phenomena" jedha. Yaadi kun rifeensa haala aadaa biyya tokko kan calaqqisiisu ta'usaa agarsiisa.

Qabannaa rifeensa ilaalchisee akkaataan dubartoonni fi dhiironni ittiin qabatan gargari.Kunis aadaa hawaasa keessattii baldhinnaan argama.Kana ilaalchisee Dirribaa (2001:33) yommuu ibsuu*"Intalti durbaa maltuu naannoo fi bantii keessa tokko tolfachuutu irraa eegama."*Yaanni kun dubartoonni rifeensa isaanii yeroo haadatanis ta'ee yeroo bareeffatan bifa dhiira irraa adda ta'een qabachuu isaanii agarsiisa. Akka aadaa boranatti dubartiin tokko hanga hin heeruminittii gammee qabdii yeroo gubbarra haadan garuu jalatti rifeensaa lakkisu.

Meeshaleen qabannaa rifeensaatiif barbaachisan ni jiru. Meeshalee.kunneen rifeensa bareechuuf fayyadu.Dirribaa, (200:76), akka ibsutti;

> *Shamarran wantoota adda addaatiin naannoo(bantii) isaanii faayaan (bareechatan). Meeshaleen naannoo isaanii midhaagsuuf itti fayyadaman hedduudha. Isaan keessa kanuma isaanitti tole filachuudhaan itti fayyadaman. Fakkeenyaf kuunlatii jibrii bifa lama yokaan sadi qabu addarraa kaasanii gurraa lameen gubbaan marsanii duubaan naannoo jalaatti hidhachuun ba'linnaan argamanidha* jedha.

Yaadin kuni refeensa yoo qabatan meeshaalee faayaa barbaachisa fi rifeensa bareechan hedduu barbaachisaa ta'uun agarsisa.

### 2.1.4. Sadarkaalee Cibra

Cibri Sadarkaalee garaagara Kan ittin cibratan qaba. Isaani keessaa Kan dubaartooni hin herrumin dhahatu yokkaan cibratuu motiiFi Kan gammer haddatti yokkaan qoraatti jechudha.

#### 2.1.4.1. Cibrii rifeensaa Hidhanaa inni Aadaa faana Qabu

Cibrii rifeensaa Hidhannaa wajjiin qabu. Fakkeenyafi cibrii aaddaan inni wajjiin qabu.jilaa Gaadammoojjiin wajjiin qaba.Fakkeenyafi yeroo buufatoo Gaadammoojjiin sun keessatti dubariittiin rabbii fuudhee Guyaa ykn yeroo isheen rifeensaa mata ishee cibratuu ykn dhatuu.Gaffaa buufatoo Gaadammoojjiin kanfi cibrri Hidhannaa aadaa wajjiin qabu.kanfuu Cibri yeroo buufatoo GaadammoojjiiGuyyaa. Hardaa jilaa Gaadammoojjii Qubbatee irraa jala qabe hammaa buufatoo Guyyaa jilaa buufatoo Gadammoojjii sunti ji'aa lama guutu Gadammoojjiin mata buufachufi garaa hardaa jilaa Quubatti. ji'aa lama booda mata isaani buufatuu hangaa Guyyaa jala qabaGadammoojjiin hardaa jilaa Qubbatee irraa egaallee Dubartiin Rabii fuudhee tokkoo mata ishee Duraani Rabaa turtee gulmaa dhati ammoo gaffaa Gadammoojjiin jila hardaa qubattee irraa kaftee mata ishee maddii Gammaa lamanuu

dhachuu ykn Cibrachu jala qabdii hangaGuyyaa  Rawwii jilaa suni ykn.xumuraa jilaa hin ga'iin.gayyaa hundaa GanamaGanmaa moona looni keessatti mata ishee maddi gamaa lamanuu dhachaa ittii Dara deemiitti. anga gaffaa xumuraa Gadammoojjiin mata buufatuu Dubartiin Rabbii fuudhee hundinuu Cibrati akkaasumsii dabballeeniisi gaffaa sumaa Gudduruu isaan irraa buussaan kanfi cibrii Aadaa wajjiin Hidhanaa ni qaba.

## 2.2. Sakattaa Barruu Walfakkii

Kana jalaatti qorannaawwan Wal fakkaatan garaagara kanan dura hojjetaman kallattinis ta'e alkallattin qoranoo Kan waliin Kan walfakkaatan sakkattaa'amaniru haa ta'u malee hanga ammaatti kallattinqorannoo kanaan Kan walfakkaatan hin argamne ta'us hanga tokko qorannoowwan alkallattin  walfakkaatan ni jiru. Qorannoowwan Kunis waraqa eebba baratoota Digirii jala qaba guuttachuuf hojje tan keessa Kan Afaan Oromoon qophaa'an lama (2) fudhachuun ilaalameera- Isaan Kunis waraqa eebba Digirii jala qaba guuttachuuf hojjetame Kan Niyaa Bojaa bara 2011 Fi Obsee Naannoo bara 2011 jedhamanin kannen hojje tamaniidha Isaan kanas haala armaan gadiin dhiyya taniru.

Qorannoo kun bara 2011 (ACA)tti Digirii jalqaba guuttachuuf kutaa Afaan Oromoofi Og- barruu yuuniversiitii Finfinneef dhiyyeessitten wa'ee xinxala kabajaa sirna Da'umsaa Godinaa QellenWallaaga Aanaa. Sayyoo irrati xiyyeeffachuun dhiyeessitee jirti. Qorannoon Niyaa kun qorannaa kanatti Kan dhiyyaatu yoo ta'u. Kunis aadaa hawasaa Oromoo irraatti xiyyeeffachuIsheeti. Qorannoon Niyaa yoomessa kabajaa Da'umsaa. Yeroo Rawwii kabajaa sirnichaa.Hir mattoota Fi sirnaa kabajaa Da'umsaa. adeemsa faayidaa inni gama - hawasummaafi Fi dinagdeen qabu akkasumas miidha inni hawaasummaaFi dinagdeen irraatti qabu kanneen kana irraatti bal'inaan ibsiteetti.

**Kayyoon qorannoo Niyaa**

- Adeemsa-sirni Da'umsaa ittin geeggeeffamu beeksisu
- Afoolawwan sirnicha Calaqqisiisan waliitti qabuun secca'uu
- Meeshaalee aadaa sirnicha keessatti argaman fakkoommin isaanii waliin ibsuu.
- Haalli kabajaa sirna kanaa yeroo durii wajjiin Wal bira qabuun ilaalu Fi kkf.

Qorannoon Niyaa kaayyoo dhiyeessitee wajjiin Wal simsiisuudhaan kaayyoon ishee galma Kan ga'eedha. Kaayyoowwan dhiyeessite mara Hala bal'ina qabuun ibsitee jirti kun immoo cimina hojii ishee ni agarsiisaa.
Qorannoon Niyaa Bojaa qorannoo kanaan Kan adda godhuufi Kan waliitti dhufeenya qaban yaadoleen muraasni ni jira.

- Walfakkeenyi: isaani Kunis.
- Fookiloorii hawasaa Oromoo
- Aadaa Uumatichaa calaqqisiisuu
- Afaan qorannoon kun ittin geggeefame tokko **je'uu**

**Garaa garummaan qorannoowwan kana**

- Xiyyeeffannoo isaa irraatti
- Niyaa Xiinxala kabajaa Da'umsaa Kan jedhu xiyyeeffaati qorannoon kun immooCibra Nadheen Boran

Barreeffama Qorannoo Obsee Naannoo bara 2011(ACA)tti waraqa eebba Digirii jalqaba guuttachuuf muummee Afaan Oromoofi Og-barruu faakaaltii Qorannoo Afaanotaa koolleejii Hawaasummaafi Namooma yuuniversiitii finfinneettif dhiyyeessitten waa'ee sirna kabajaa Dhibaa fannaa Godinaa Qellen Wallaaga Anaa Anfilloo irraatti dhiyyaatu yoo ta'u Kunis aadaa hawaasni Oromoo aanichaa qabu Calaqqisiisuu irraatti Obseen xiyyeeffannoo ishee sirna kabajaa dhibafannaa ilaalchisuun yoomessa sirnicha. Hirmaattoota sirnicha.adeemsa isaa.gosoota nyaataa Fi dhugaatti sirna kabajaa dhibaafanne irraatti dhiyatufi Kan kana wali fakkaatan gadi fageenyaan ibsitee jirti.

### 2.2.1. Kaayyoo qorannoo Obsee

- Haala adeemsa sirna kabajaa dhibaafanne ibsu
- Akkaata sirnichii itti kabajamu jalqaba hanga dhumaa ibsuu
- Meeshaaleewwan garaagara sirnicha irraatti fayyadu ibsu
- Sirnicha yoomessa isaa ibsuu Fi w.k.kfdha

Kaayyoowwan kaste kana haala galma ga'iinsa qabuun gahuu Isheeti

Qorannoowwan kun walfakkeenyaafi garaagrummaa agasiisan ni qabu.

- Walfakkenya isaanii
- Fookiloorii ummata Oromoo irraatti xiyyeeffatu
- Aadaa hawasaa Oromoo ibsu irrattis.

Garaagrummaa isaa ini ammoo

- Xiyyeeffannoo isaanii garaagara ta'u.
- Obseen sirna kabajaa dhibafannaa irraatti Kan xiyyeeffatte yoo ta'u qorannoon kun immoo Cibra Nadheen Borana irrtti kani xiyyeeffatudha.

# BOQONNAA SADII: IBSAAFI XIINXALAA RAGAALEE

## 3.1. Naannoo Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu geggeeffamu naannoo itti geggeeffamu mataa isaan qaba. Qorannnoon kunis, godina Booranaa aanaa Dubuluqiitti geggeeffamuuf kan karoorfameedha. Anaan kun godina Booranaa keessatti kan argamu yoo ta'u, magaalaa guddittii biyyattii irraa fageenna kiilo meetira 640fagaata. Akkasumas Magaala gudditti Godinaa irraa gamaa kibbaatiin kilo meetira 70 fagaata. Kallattii gara garaatiin aanaalee godinaa Booranaatiin marfamee argama. Haaluma kanaan gama Kaabaan aanaa Yaaballoo, Kibbaa aanaa Dirree, Lixaan aanaa Dilloo, àkkasumas, Bahaan aanaa Waaccilleetiin daanga'ee argama. (Waajira bulchiinsa aanaa Dubuluqii)

### 3.1.1. Garee Hawaasichaa

Qorannoon yommuu geggeeffamu hawaasa irraatti xiyyeeffatu qabaachuu qaba. Haaluma kanaan qorannoon kunis, hawaasa Oromoo Booranaa kani aanaa Dubuluqii jiraatu irraatti xiyyeeffata.

### 3.1.2. Haala Teessuma Lafa Dubuluqii

Teessumni lafa Dubuluqiii irra caalaatti diriiraadha. Lafti dhooqaan, Tabbifi tulluuwwan olka'oonis darbee darbee ni muldhata.

### 3.1.3. Haala Qilleensaa Naannichaa

Aanaan Dubuluqii gammoojjii waan ta'eef yeroo baayyee ni hoo'a. Haa ta'uu malee qilleensi isaan jireenya namaaf mijataadha. Aanaan kun waggaatti, yeroo lama rooba ni argata. Innis waqxii Birraafi Arfaasaati.

### 3.1.4. Madda Galii Hawaasichaa

Hawaasi aanaa Dubuluqii hundinuu horsiifatee bulaadha. Ragaan waajira horsiisee bulaa aanichaa irraa argadhe akka mullisutti, hawaasa aanichaa keessaa 100% horsiifatee bulaadha. Kanaaf maddi galii isaaniis, horsiisa horii irraatti kan hundaa'eedha.

### 3.1.5. Qabeenna Uumamaafi Namtolchee

Aanaan Dubuluqii qabeenya uumamaafi namtolcheen badhaatuudha.

1. **Beelada;-** Aanaan Dubuluqii lafaa horsiisa beeladaa kanneem akka Loon, Gaalaa fi Re'ee mijooftuu waan taateef beeladoonni baayinaan keessatti horssfamanii. Akkasumas bu'aa beeladoota irraa argamuu kan akkaa Aananii, Dhadhaa fi fooniitiin badhaatuudha.

2. **Bakkaseenaa;-** Ardaawwan jilaa kanneen akka Eel-waaqii, Hiigoo fi Dhoqqolee akkasumas tulaawwan akkaa Dubuluqii, Hiigoo fi Haanolee kan keessatti argamaniidha.
3. **Bineensota;-** Akkaa Hiddii.Guguftoo,guchii, Harree diidaa fi kkf baayinaan ofii keessaa kan qabduudha.

### 3.1.6. Namoota Bebeekkamoo

Aanicha keessa namoonni hawaasaaf fakkeenya ta'an hedduun ni jiru. Akka fakkeenyaatti, Aab. Jabaa Guyyoo, Shukunnuu Huqqaa, Galgaloo Diidaa, Jirma Taaraa fi namootii hedduun loon lakkoofsaan Hagan 1000tti lakka'aman horsiisuun beekamaadha. Horii baayyee kana garaa qabeenyaa biraatti jijjiruun ummataaf fakkeenata ta'an warra hojjataniidha.Ayyuu seenaa sirna gadaa Doktorii kabajaa Doktor Borbori Bulee Dirree fa'aa kan keesstti argamaniidha,

## 3.2. Faayidaa Cibra Nadheenii

Ibsii fi ragaan maanguddootarraa argame akka ibsutti faayidaan cibra nadheenii faayidaa hedduu qaba.Hawaasni ogummaa isaatiin garaagarummaa wantoota naannoo isaatti argaman irraa faayidaa adda addaatiif yookiin eenyummaa isaa ittiin ibsachuuf galii argachuuf ogummaa isaatti fayyadamuu danda'a.Haaluma kanaan uummata Oromoo Booranaa biratti cibri nadheenii ergaa isaarratti hundaa'uun faayidaa adda addaa qaba.

### 3.2.1. Haawwanii fi Dubara Addaan Beekuuf

Akkaataa cibrannaa rifeensaa shamarran tokkoo ilaaluun sadarkaa ishee ni tilmaamu.
Fakkeenyaaf heerumuu isii, ilma dahuu isii dubrata'uu isii, erga heerumtee turuu isii, dhiyoo heerumuu isiiadda baasuuf gargaara.

### 3.2.2. Saddarkaa ce'umsa Abbaa Manaa Ishee Beekuuf

Namni dhiiraa tokko sadarkaa sirna gadaa keessatti argamu qaba.Kunis akkaataa cibrannaa rifeensa haadha manaa isaa ilaaluun gahee isaa,sadarkaasaa kana akka raaba, gadaa, yuuba, gadaammojjii fi ajjeesaa ta'uusaa adda baasuuf fayyada.Fakkeenyaaf, haati manaa raabaa guulmaa, haati manaa gadaa cibra qaqaldhaa, haati manaa yuubaa cibra babaldhaa, yoo godhatan, haati warraa gadaammojjii fi jaarsaa albaa godhatti.Haati warraa ajjeesaa immoo dunfura godhatti.

### 3.3. Akkaataa Oromoon Booranaa Rifeensa itti Kunuunfatu

#### 3.3.1. Akkaataa Kunuunsa Rifeensa Daa'immanii

Saba Oromoo keessatti tolchaan rifeensaa hojii ilaalcha cimaa qabatee haalaan kan beekamuudha.Fakkeenyaaf bantii,tuuttoo, fi kanneen kana fakkaatan Oromiyaa keessatti bal'innaan beekama.Bakka hedduutti akkaataan itti fayyadama isaa garaagarummaa qaba.Yeroo hedduu Oromoonni daa'imarraa yeroo rifeensa haadan sammuu gubbaatti tuuttoo hanbisu.

Sababni isaas gama tokkoon sammuun birkii mataa keessaa bakka laafu waan ta'eef aduu fi qorri akka hin miineef da'oo tolchuuf kan jedhu yoo ta'u,gama birootiin immoo Aadaa dhalootan darbaa dhufeedha jedhamee amanama.Haaluma kanaan hawaasni Oromoo Booranaa daa'ima tokko erga dhalate refeensa dhaloo dhiiras ta'ee,dubartii hundaa irraa haadu.Kun kan ta'eef sababa malee miti. Akka aadaa hawaasa Oromoo Booranaatti daa'imni rifeensa dhalootaa qabu mataa jabaata jedhanii amanu.Haa ta'uu malee kan hin haadne ijoollee raabaa fi ilmaan kormaa qofa.Sababni ilmaan kormaa hin haadneef,akka isaan mata yookaani ija jabaatan waan barbaadaniif kan jedhu of keessaa qaba.Ijoolleen dubartii garuu yeroo lamaa hanga sadii qofa irraa haadanii dhiisu.Yeroo kanatti namni rifeensa daa'imman kanaa eeguuf dirqama qabu, haadha isaaniiti.Isheenis mataa kanaaf dhadhaa dibuun kunuunsa gootif.Dhadhaa Kanas rifeensa irratti hin baayistu.Haa ta'u males, gubbaa mataa ishee fi fuula yoo ijoolleen dhalattu dhadhaa gubbaa keettiif.Kunis daa'ima kana ni furdisa,in laafisa jedhanii yaadu waan ta'eefidha.

#### 3.3.2. Haala Kunuunsa Rifeensaa Dubara Moggaasani

Akka aadaa hawaasa Oromoo Booranaatti namni kamiyyuu ergaa dhalatee wagga sadi gahe maqaa baasama.Jila maq-baasaa kana keessatti dhiiras ta'ee, dubara bifa garagaraatiin boca rifeensaa baasuuf.Dhiira walqaxxamursuun boca baasu yookaan haadu.Kan ijoollee dubraa immoo gara jalaatti lakkisan malee, hanga dhuma rifeensa isheetti boca hin baasan. Akkakan warra dhiirotaa hanga jalaattii gadi hin buusan.Kunis kan ta'eef aadaa hawaasichaa keessatti karaa bahani fi iddoo deeman hundatti dubra hin rakkisan kan jedhu of keessa qaba.

Ergaa rifeensa kana haala armaan oliitiin boca itti baasaniin booda, guyyaa sadii hanga shanii bulanii kan dhiiraa hunda haadu.Kan dubaraa garuu hanga gaafa ishee moggaasan haadan sana caala jalaa gadi dhiisaa deemu. Gammeen ishee yeroo kanatti dhiphachaa adeemti jechuudha. Rifeensi ishee akkasitti haadame sun gammee dubaraa jedhama.

Sababni jalqaba gaammee bal'isaniif ijoolleen yoo diqqeenyaan rifeensi itti guddate in qancarti akkasumas isheen diqqoo waan taateef heerumu gahuu akka hin dhiyaatin Ibsa.Haaluma Kanaan yeroo haadaniif hunda akkuma haadaa deemaniin gammee ishee xiqqeessaa deemu.Erga maq-baasaati tolchani kan gubbaa malee kan jala hin tuqan.

Tuquu dhabuun kunis aadaa hawaasichaa keessatti namni nagaa qabu kan haatiifi abbaan lubbuun jiru keesumattu dubartoonni rifeensa mataasaanii shiggireen haaduun hin tuqan.Kanaafu gammee malee rifeensa kana haaduun,tuquun hin danda'amu.As keessatti haati yoo isheen haadatte waan ittiin hamataniif, rifeensa daa'ima kanaa eeguun dirqama isheeti jechuudha.

### 3.3.3. Akkaataa Kunuunsa Rifeensa dubartii Fuudhanii

Rifeensi maalummaa yookaan eenyummaa sabni tokkoo ilaalcha,duudhaa,safuu,amantii, fi kanneen kana fakkatuun bifa dubbii fi gochaatiin dhalootaa dhalootattii falaasama isaa dabarfatuudha.Haaluma kanaan dubartii tokko yommuu fuudhan jireenya ishee keessa lufiinsa dubartiin tokko gara bultii ijaarachuutti makamuu fi rifeensi ishee akka aadaa hawaasichaatti adda.

Akka aadaa hawaasa Oromoo Booranaatti dubarri tokko kan har'a dhalattee fi kan osoo hin heerumin haftelleen hariyyaadha yokaan walqixaadha jedhama.Sababni isaas dubartii tokko hariyyaan ishee namuma ishee fuudhe waan ta'eefidha. Kanaaf dubartiin tokko yommuu fuudhan guyyaa sana abbaan ishee dhufee xiqqeessee gammee saaqa. Kunis hanga ammaatti durba ta'uu ishee ibsa.Akkasumaas dubartoonni Boorana keessatti osoo hin heerumin jaaran, du'an Boorgallee fi Boorimalle jedhamu.Isaan kana hanga ammatti dubartoonni hundinuu akka hiriyyaa isaaniitti faarsu.Faaruun kun akka jireenyi ishee akka duraa osoo hin taane, akka gara nama guddaatti yookaan bulti ijaaruu, jireenya haaraa jalqabu waan ta'eef dhaamsaa fi gorsa isaanii karaa kanaan dabarfatu.Faaruun kunis akka armaan gadiitti faarfama.

**Faaruu.jalaaqaba**

Gallee gallee Gallee gallee

Boorii gallee iyyaan iyyoo hoo.gallee gallee

Gallee gallee iyyaan iyyoo hoo.gallee gallee

Warri keennoo nuu leellisee aaddaa.gallee gallee

Amaan hormaa iyyaan iyyoo hoo gallee gallee

Nu leenjisee iyyaan iyyaa hoo gallee gallee

Uleen hamtuun ta sibiila gallee gallee
Dubbii hamtuun taa waliisaa aaddaa.gallee gallee
Haroo kasoo waraabanne gallee gallee
Kasoo durba iyyaan iyyoo hoo gallee gallee
Wal hammannee aaddaa.gallee gallee
Gallee gallee iyyaan iyyoon hoo gargar gallee aaddaa. gallee gallee

Akkana jedhanii dubartoonni adda addaa kan heerumaniif hin heerumin gargar bahuu isaanii faaruudhaan ibsatu.



### 3.4.Gosoota Cibra Dubartootaa

#### 3.4.1. Mootii

Akkaataa qabannaa rifeensa keessaa mootiin isa tokkoodha.Mootiin kan daa'immanii osoo hin taane, kan ijoollee dubartii waggaa kudhaniifi isaa oliitiif kan tolfamuudha. Yeroo kanatti isheen rifeensa ishee haalaan akka qabattu ni dirqisiisu.Mootiijechuun haala dubartiin rifeensa itti dhahattu ta'ee, qajeela funyaan isheetti rifeensi ishee bakka lamatti qooduun, bakka lachuu gammee isheerraa tokko tokkoon kan cibraniidha.

Mootiin kun haala jirenya hawaasichaa in Ibsa.Kanaaf sababa tokko malee mootii hin jenneen.Dubartiin dubrummaa qabdu tokko qabeenyi ishee kan hin tuqamne mootii dha yaada jedhu of keessaa qaba. Kana malee,akkaaadaa Oromoo Booranaatti dubartii mataa aguuggachuun dhorkaadha. Sababni dhorkamuuf, dubrummaan ishee akka ifa ta'u

ibsuudha.Kanaafuu haalli dubartiin ittiin rifeensa qabatu keessaa jaalatamaakan ta'e mootiidha.



### 3.4.2. Jaallaa

Akka hawaasa Oromoo Booranaatti dubartiin takka yommuu fuudhan rifeensa ishee hin haadan.Akkasumas gammee ishee erga abbaan guyyaa fuudha ishee saaqee hin haadan.Kanaafuu namni tokko anatu gammee ishee duuche jedha yoo dubra fuudhu. Gammee duuchuu jechuun jalqaba natti niitii godhate kan jedhu of keessaa qaba. Dubartiin takka erga fuudhanii gara mana nama ishee fuudheetti galtee mataan isheef cibran jaallaa jedhama. Jaallaan dubartii bakka sadiitti qoodama. Tokkoffaan kan gaafa ishee manatti galaniin diirama (ganama), haatii dhirsaa moonaa loonii keessatti, erbee ofii kan gaafa fuudhaa ishee jala keessee, filaa gaafa ishee fuudhan warrii isaanii kenneef (bocaniif) rifeensa ishee maddii lamaanirratti tokko tokko cibraniif. Kunis,intalti kun ergaa fuudhanii, tokko dhirsa ishee waliin bulte kan jedhu Ibsa.

Jaallaan lammaffaan(2ffaa) dubartii rifeensa cibruu beektu ollaa keessaa waamanii, rifeensa kaleessaa kan jaallaa tokkoffaa hiiktee haaraa cifirti. Isheenis moonuma looni keessatti filuma sanaan cifirtii. Gochi kunis lama buluu ishee agarsisa. Jaallaan sadaffaan fi inni dhumaa niitiin tokko erga fuudhanii jaallaa sadi yoo cibrattee nadheen jedhamti.



### 3.4.3. Taabboo

Dubartiin tokko erga fuudhanii jaallaa sadii cibrattee booda, kan itti aanu taabboodha.Taabboo jechuun rifeensa dubartii fuudhanii furdisanii cibru. Kunis dubarri fuudhamte tokko guutummaan guutuutti gara nadheeniitti makamuuf deemti yaada jedhu of keessaa qaba.Taabboo akka jaallaa osoo hin taane, erga torbee tokko baateen booda rifeensa kana hiikattee cifirtuu baannachuudhaan cibratti.



### 3.4.4. Guulmaa

Guulmaan gosoota cibrannaa rifeensaa nadheen Oromoo Booraanaa keessaa isa tokkoodha. Akka aadaa Booranaatti lubni ishee yeroo heerumtu Sana raaba yoo ta'e, rifeensa ishee cibrachuu hin dandeettu.Yeroon isheen rifeensa cibrattu yeroo dabballeen ishee guduruu buufattuudha.Kanamalees dabballleen ijoollee raabii dhalfate yoo ta'uu, guyyaa dhalatte irraa jalqabdee hanga gadaammojjiin rifeensa buufattutti, guduruu hin buufattu.Haati daballees guyyaa gadaammojjiin buufattoof ardaa jilaa qubattu irraa eegaltee rifeensa ishee cibratti.Gadaammojjiin ardaa jilaa kan itti rifeensa buufattu ji'a lamaaf turan.Haati dabballee guyyaa jalqaba gadaammojjin ardaa jilaa qubattuu eegaltee ganama hunda moonaa loonii keessatti maddii ishee gama lamaan irratti cibra tokko tokko cibratti.

Sababni isheen moonaa loonii keessatti cibrattuuf hawaasa Oromoo Booranaa biratti loon kabaja gudda qaban.Kanaan walqabatee, akka isheen jireenya ishee keessatti loon irraa adda hin baane agarsiisa. Gaaf sanarraa eegaltee hanga guyyaa dhuma jila buufattootti ni cibratti. Gaaf guyyaa dhuma yokaan hobbaatii jila buufattoo gadaammoojjiitti rifeensa ishee cibrattee,

maddii lamaanuu waliin geetti.Hanga cibri ishee maddii lamaan irraa jalqabee dudduubaan walitti dhaabbatutti, cibri gartokkeen isheen cibrattu sun guulmaa jedhama. Guyyaa sana irraa eegaltee haati dabballees akkuma dubartii biroo cibratti.



### 3.4.5. Cibra

Cibra jechuun haala qabannaa rifeensaa Oromoo Booranaa keessatti dubartii heerumtee fi kan hin heerumin kan itti addaan baasaniidha. Kana males,dubartii dhiyoo heerumtee fi tan erga heerumtee turte kan addaan baasanidha.



### 3.4.5.1. Adeemsa Cibra

Akka aadaa hawaasa Oromoo Booranaatti dubartiin tokko erga fuudhanii booda, rifeensa cibran. Dubartiin tokko erga mataa hiikatteen booda cifrtuu baannatti. Ogeettiin tunis guyyaa cibraa qabdiif. Erga hiikadhu jetteen booda, osoo hin cibrin buluu hin qabdu. Yoo isheen bulchite gama dhiirsa isheetiin cifirtuun himatanii maanguddoonni gatii loon shan itti muru.

Kana malees,dubartiin tokko yammuu mataa ishee hiikattee bulte diinni yommuu warra sanaan lolu akka dhiiraatti ilaaluudhaan mirgaaf jecha ajjeesu. Dubartiin tokko yoo cibira deemtu bunaa fi tamboo fudhattee dhaqxi. Ogeettiin(cifirtuun) osoo cibra jala hin qabne daraaraa irraa fuuti.Dubartiin mataa cibrachuu dhufte hoo daraaraa! Jettee kenniti. Ogeettiinis,daraari! Jettiin. Erga irraa fuuteen booda cibra eegalti

### 3.4.5.2. Akkaataa Kunuunsa RifeensaDhiiraa Kan Dubaraan Walfakkaatan

Hawaasa Oromoo Booranaa biratti akkaataan kunuunsa rifeensa dhiiraa akkaataa kan dubaraa irraa adda. Haa ta'uu malee yeroo tokko tokko bifa kan dubartootaa fakkaatuun ni godhama. Akka madda odeeffannoo maanguddoottarra argametti haala armaan gadiitiin ibsameera.

### 3.4.5.3. Guduruu

Ijjoollen ilmaan korma fi dabballeen yoo dhalatu rifeensaa dhalootaa irraa hin haadan. Ijoolleen kun fuula duraaf nyaachisa nyaatu. Akka isaan adda jabaatan fedhan gara fuulduraatiif.Namni rifeensa dhaloota qabu adda jabaata jedhamee yaadama.Kan guduruu jedhamees kanuma.Guduruun rifeensa isa kana qunbiidhaan walitti qaban hidhu.Sana booda fulaa heddutti gargar bahe gudura'a.Ijoolleen guduruu qabdu kunis raaba dheedhi jedhu.

Ijoollee kanneen maqaa namatti hin tollee itti moggaasu.Fakkeenyaaf Qurii, jaldeessa fi kan kana fakkataniidha. Kanaafuu namni Oromoo Booranaa ta'e kamiyyuu yeroo ijolleen kun jalqabaaf mana isaanii yoo seenan dhadhaa looni fixoo itti tumanii rifeensa isaani dibuuf. Maatiinis rifeensa kana dhiqanii,dhadhaa dibanii eeganiif.Dabballeen tun dhiira garu akka shamarraniitt waamu.Elellaan dhirti tokko yoo mataa buufatuu godhattu dabballe kanaf godhu.Dabballeen tun yoo lubni akaaku ishee mataa buufatu abbaan ishees ardaa gadaammoojjitti gadoomee irraa haada.

### 3.4.5.4. Gammee Dabballee

Ijoolleen dabballee erga ardaa gadaammoojjitti gubbisani (maqaa bassani) rifeensa ishee irraa aadaan,Goodiyaa (jibichaa qalu). Ergaa qalani booda guduruu ishee irraa aadani gammee itti tolchu.Gammee kana gubbaa itti ballisanii jalatti rifeensa godhan.Laakkuma isheen gaddattuun akka ijoollee dubraa itti xiqqeesaa dhufu jechuudha.

Yeroo kanatti akka duraanii gudureesuu osoo hin taane, dhiqanii filuun, dhadhaa dibuun eeguuf. Sirnii kun gannaan osoo hin taane lubaan daanga'a waan ta'eef ijoollee waggaa hanganaa jechuun nama rakkisa.

Kana malees, ardaa irraa waan gara galfataniif gara gubbisa dabballeetti seenu.Dabballee gubbisuun dursa, hoolaa gibira jedhanii hoola qalu.Haatii dabballee mataa raabomaa cibrachuun,abbaan dabballee mataa raabomaa aadatee,kan abbaan isaa mataa gadaammojjumaa buufate, gara gadoomaa seenu.Ilmaan isaani baalli raabomaa irraa fuudhuun dabballee ta'u.

Kana jechuun akkuma gadaammoojjii yookaan abbaan mucaa isaa waan gadaa ta'eef mataa gadoomaa buufate.Ergaa gammee itti tolcheeni waggaa sadeet teesse nyaachisa nyaatti.Rifeensa kana ergaa aadattee booda kana itti aanu bantiidha.



### 3.4.5.5. Bantii

Ijoolleen raaba tokko ergaa nyaachisa nyaatte xummurteen booda kan isheef tolfamu bantiidha.Bantii jechuun mataa ishee gubbaatti yeroo baatiin baatu hundaa xiqqeessuun bantii kana aaduuf akka duraani mataa hin dheeressan. Kun kan itti fufuu hangaa lubni ishee maqaa argatutti.Ijoolleen kun luba yoo gaafatani ijoollee ebeluu jedhu.

Fakkeenyaaf lubni Kuraa Jaarsoo gaafa baalli fuudhin ijoolleen raaba isaa hundii ilmaan Kuraati jedhamu turan.Ergaa inni gara abbaa gadaatti dhufeen booda Luba Kuraa Jaarsoo jedhamte.Ergaa maqaa kana argatteen booda banti aadaati.

### 3.4.5.6. Dunfura

Dunfura kan tolfamu nama diina yokiin bineensota akka arba,warseessaa, Gafarsaa fi kanneen kan fakkaatan ajjeesseedhaaf.Akka Oromoo Booranaati ajjeesaan tokko ni leellifama.Namni kun torbaan tokkoof goda taa'a yookaan uulmaadha. Dubartoonni hundi faayaa tokko tokko ofirraa yaasanii isa dhungatanii itti kaa'u. Ajjeesaan kun rifeensa kana osoo ofirraa hin aadne waggaa tokkoof tura. Filee dhadhaa dibee yeroo inni akkasitti deemu ajjeesaa ta'uu isa ni beekama; ni kabajamas jedhuudha.Mataan haala kanaan qabamu dunfura jedhama.

### 3.5.Meeshaalee Qabannaa Rifeensaaf Barbaachisan

Meeshaleen aadaa hawaasichaa hiikaa fi yeroo isa eegatee ergaa isadabarsa.Meeshaleen qabannaa rifeensaaf barbaachisan, kanneen akka sabbatta, called,sooyyee, siiqqee,filaa, qilqilee, meets, gorfoo,qalima fi buuran, fa'a. Wantoonii armaan oli kun haala qabanna

rifeensa sadarkaa sadarkaan kan jiranidha. Fakeenyaaf sabbani dubartiin qaancaan yookaan liilanaan footi waan akka injiree,itti hodhitee kana hidhattuudha.sooyyee kan kaawwattu dubartii hin heerumini dha.

Filaafi siiqqee yeroo durbaa tokko heerumsiisan abbaan ishee isaan lachuu bocee itti kenna.Qalima kan kaawaattu dubartii fuudhan qofa.

### 3.6. Haala Qabannaa Rifeensa Yeroo Ammaa Keessa Jiru

Haalli qabannaa rifeensaa Oromoo Booranaa kana Aanaa Dubuluqii guutumaan guutuutti akkuma dur jira jechuun hin danda'amu.Yeroo ammaa kana sababa amantiilee garagara hawaasaa jiraniif namoottan amantii hordofan,namooti,baratan amantiilee tokko tokko aadaa hawaasichaa kan caala amantaa leellisuutti irraatti mul'ata.Kanaafuu waan aadaa hundaa yoo gulaa qeemnu amantaa nama faalleessa yaada jedhu qabu.

Namni yeroo amma kanka dubartii fakkeenyaa yoo fudhanne akkuma amantaa isiittin tamuslimaalleen haguugachuun deemtii,hin cibrattu.Kan kirstaanas amantaan rifeensaa keessaa osoo hin taanee onnee keesaa jirti jedhu. Kanaafuu namoonni rifeensa mataa isaa akkuma itti tole godhata.Kun garu akka aadaa hawaasaa kan duraan akkas akka hin turee wal-nama hin hin mamsiisu (hin gaafachiisu).

# BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

## 4.1.Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Malleen Adeemsa qorannichaa mata sure kana jalatti cuunfa, hiikaa Fi Ibsa odeeffannoo boqonnaa kaneeni Dhihaatehaala, Cibra,ibsaafi hiika odeeffannoo ilaalchisee boqannaa kan Bu,aawwan xiinxalaa ibsman.maalummaaCibra ibsameera.Gama birootiin Cibri faayidaa hedduu qaba.

Faayidaawwan isaani keessaa amanamummaadha.wal dhabdee Cibra,dhugaa bakkatti eeguu, waadaa jabeessuu Fi kanneen biroo qabaata.Akkaata Adeemsa Cibra ilaalchisee qabiyyee Cibra sirna keessatti argamu qaba.

Akkataa waliin jireenya namoota sirna Cibra booda akkasumas.yoomeessaa Cibra, haala wali gala yeroo hammaa Kan keesatti ibsaman yoo ta'u Ragaalee Fi ergaan boqonnicha gadi fageenyaan Kan keessatti raawwatamanidha haaluma Wal fakkaatuun haawasa oromoo borana biraatti aadaa boonsaa fi baay,re jaalatamaa, bakka itti adeemsifamu qabudha.

Yaandni akka itti kennameeCallisamee namoota barbaaden Kan adeemsifamu osoo hin ta,in seeraa Fi akkaata Adeemsa mata isaa qaba.namoonni sirna Cibra adeemsisaan hawasaa keessatti yoo ta'u namootti kabajaa qabani Fi aadaa, duudha akkasumas seenaa hawaasichaa Kan beeku ta'u qaba isaan kanaa alatti qamni biraa gaggeessuu hin danda'u.Akkasumas Cibri qabiyyeewwan Gosoota adda addaa Kan qabudha sadarkaawwaan umurii waanta qabatani dhiiyaatan Fi ulaaga filachu Kan mata isaan qaba.

## 4.2. Argannoo

Qorannoo kana keessatti qorattuun qorannoo gaggeessiteen yaadota armaan gadi bira gasseerti.

- Hawaasni Oromoo Booranaa haala cibrannaa rifeensaa kan mataasaa kan qabu fi kan itti fayyadamaa turee fi ammas itti fayyadamaa jiru ta'uusaa bira gahameera.
- Faayidaan cibrannaa rifeensaa hawaasa Oromoo Booranaa durbaa heerumtee fi kan hin heerumin adda baasuu, fuudhaafi ilaallachuu, mootii beekuu, jallaa sadarkaa namootaa(daa'ima, gammee,xiqqaa fi gudda) fi kan kana fakkaatan beekuuf kan gargaaruu ta'uu bira gahameera.
- Meeshaalee cibra rifeensaatiif barbaachisan sabbata, cillee, sooyye, siiqqee, filaa, guulmaa, qalima, eleellaan fi kan kana fakkaatan qorataan bira geesseerti.

- Haalli cibrannaa rifeensaa Oromoo Booranaa kan Aanaa Dubuluqii sababa amantaa, ammayyummaa, babal'inna magaalaa fi dhufaatii tekinooloojiitiin yeroo amma dagatamaa akka jiru qorattuun bira gahameera.

### 4.3. Yaada Furmaata

Qarannoon tokko yeroo adeemsifamu yaada furmaataa gargalachuIsa hin oolu. Kanaafi cibrii nadheen borana yeroo Amma kana dagatamaa jira waan ta,eef akka bal'inaan beekamufi argannoowan qorannicha irraatti hundaa'uu yaandni Furmaata kaa'amee jira.

- Cibrii Nadheen Borana Aanaa Dubuluqii keessa jiru kun faayidaa qabachu isaa osoo Wal hubachisani gariidha.
- Namni aadaa ofii lakkisee kan ormaa leellisuu nama eenyummaa ofii hin beekneedmaa, babaldhachuu teknoolojii fi dhufaati addunyaalessummaa aadaa Oromoo Booranaa kanhaala cibrannaa rifeensaa badaa deemaa waan jiruufi, Aadaa kana galmeessanii bifa barreeffamaatiin yoo ol kaawan dhaloota dhufu gargaaruu danda'a.
- Wajjirri Aadaa fi Turizimii aanichaa duudhaawwan hawaasaaf yoo gumaache gaarummaa qaba.

Kana malees, barattoonni xiyyeeffannoosaanii gama barnoota aadaa irratti godhanii barachuun aadaan isaanii akka mul'atu yoo godhan gaarii ta'a.

### 4.4. Goolabaa

Kutaan Kan irrati xiyyeeffatu mata-dureewwan boqonnaa tokko kaasee, hanga Afurtti Kan qabatudha.

Boqonnaa tokkoffaa Ariirrata, ka'umsa qorannicha,madda Ragaalee,madda Ragaalee tokkoffaa Fi lamaffaa iddattoo fiiddatteessuu meeshaaleen funaansa Ragaleen Afgaaffii,marii gareen, Toftaan Ragalee ofi keessatti hammata.boqonaa lammaffaa immoo sakkattaa barruu yaadrimee maalummaa Fookiloorii, Gosoota Fookiloorii maalummaa Cibra Gosoota cibra ofi keessatti qabatu yoo ta,u boqonnaa sadaffaa keessatti ibsaafi xiinxalaa Ragaalee naannoo qorannicha garee Hawaasichaa ofi keessa qaba boqannani Afurffan cuunfaa argano Fi yaada Furmaata goolaba ofi jaala qaba

Boqonnaa kana jalatti hiikaa Fi ibsa argannoo, odeeffannoo funaanaman idoo itti ibsamudha.kanaafi Qorannoo kana keessatti odeeffannoo gama Afgaaffii marii gareen fidaawwannaadhaan argan haala armaan gaditti qaacceffamaniru Kan.Rifeensi ulaaga

miidhagina fuula keesstti bakka guddaa akka qabu beekamadha.Barruu kana keessatti oromoo Borana Aadan isaanii keessatti umrii yookaan sadarkaa ce'umsa adda addaatti akkaata rifeensaa boonsaa aka qabaniif tolfanna rifeensatif hawaasichaa ilaalchaa cimaa qabaachuu isaatiif Ragaalee hedduun dhiyaa tani jiran. Maalummaa yoo ka'an eenyummaa Saba tokko,addaa, siyaasa,haala hawaasummaa, amantisafuu,duudhaa,walqunnamti Fi falaasama hawasaa tokko Kan Calaqqisiisuu ta'uun isaa Kan nama shakkisiisuu miti.

**Wabilee**

Abrahamii fi kammen. (1995). Biiroo Barnoota Saayinsawwan Naannoo kutaa lammaffi finfinnee Biiroo Barnoota Oromiyaa.

Asmaroo laggasaa. (1973).*Gada*, there approaches to study of African society. New York; The free press.

Dirribaa Tafarraa. (2001) .*barruulee qormaata waltinaa oromiyaa finfinnee*.finfinnee oromiy.

Dirribii Damuse. (2012).*Ilaalcha Oromoo finfinnee T.G*. prifing and publishing center press. Odeeffannoo madda internetii htt!! Open article comision com/asctle phpdhid.

Ton loves .(2006).*Dictionary of boorana culture.* (Aadaa Boorana) addis ababa: shDAks

**Dabalee.A**

Yuuniversiitii finfinnee Kolleejjii Namummaa Qorannoo Afaanota muummee Afaaniifi Og-barruu Oromoofi Dhihaate.

Gaaffileen Af-gaaffi keessatti ka'ani.

Kaayyoo Af-gaaffi dhimma qorannoo kana Cibra Nadheen Borana wal-qabatee odeeffannoo Kan qophaa'edha kanaafi,waa'ee erga Cibra wal-qabatee odeeffannoo jiraan haala amanamuummaa qabu sirrii ta'en odeeffannoo akka naaf kenntan kabajamu isin gafadha.

- Qabannaa rifeensaa jechuun maal jechudha?
- Faayidaa qabannaa rifeensaa aadaa keessatti qabu maali?
- Akkataa Oromoo booranaa qabannaa rifeensaa itti qabatu maali?
- meeshaaleen aadaa Kan qabannaa rifeensaa toon walqabatan maali fa'a?
- Haala qabannaa rifeensaa Kan yeroo Amma maal fa'a?

**Dabalee. B**

Yuuniversiitii finfinnee Kolleejjii Namummaa muummee Afaan Fi Og-barruu Oromoo Dhihaate.

Gaaffileen maarii gareen keessatti ka'an.

1.cibra Nadheen jechu maali jechu?

2. Cibra Nadheen akkamiti cibratan?

3.Cibra Nadheen Rakkiinoota akkamiti qaba?

4.cibrii Nadheeni Faayidaa akkami qaba?

**Waraqaa mirkanneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsaa, kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaannee ta'uu isaa, akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fuudhadhee wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa barattuu________________________________________

Mallattoo___________________

Guyyaa_____________________

Maqaa gorsaa__________________________________________

Mallattoo ___________________

Guyyaa_____________________